Updated March 14, 2022 Oromo
DOH 820-131

Qajeelfama Maaskii Yeroo COVID-19

Cuunfaa Jijjiiramoota Bitootessa 14, 2022

- Jijjiiramoota Ajaja Maaskii Barreessaa Fayyaa (Afaan Ingilizii qofa) fi Labsii Bulchaa (Afaan Ingilizii qofa) wajjiin wal simsiisudhaaf kan haareffame.

Seensa

Yeroo maaskii godhattan, namoota biroo naannoo keessanii akkasumas mataa ofiikeessan keessan eeguuf gargaartu. Weerara kana qolachuudhaaf, yeroowwanii fi bakkeewwan maaskii uffachuun faffaca'iinsa COVID-19 namarraa namattii, lubbuuwwan baraaruu, dinagdee nagaa fi haxxummaadhan akka banuuf kan gargaaru ta'uu muxannoo argannee jirra. Tarsiimoowwan ittisaa sadarkeeffaman kanneen akka yeroon talaalliiwwanii fi maaskii uffachuu irratti hubannoo qabaachuu, dhukkubbiiwwan ciccimoo fi raakama sirna fayyaa irra gahu – keessattuu yeroo sadarkaan faffaca'iinsaa ol aanaa ta'etti ittisuuf kan gargaaran ta'uu hubannee jirra.

Akka Centers for Disease Control and Prevention (CDC, Wirtuuwwan Too'annoo fi Ittisa Dhibee) tti, maaskiiwwanii fi hargansituuwwan muraasni kanneen biroo caalaa eeggumsa kan taasisanii fi, kanneen biroo immoo tarii danda'anii kaa'achuu fi yeroo dheeradhaaf kaa'achuuf kan ulfaataniidha. Maaskii sirrii uffachuu fi hargansituu isiniif mijatanii fi eeggumsa gaarii isiniif taasisan sirnaan kaawwachuun barbaachisaadha. Odeeffannoowwan dabalataa toora marsaaratii CDC gosoota haguugduu afaanii fi hargansiistuuwwanii irraatti ni argama.

Golgaan fuulaa haguugduu qabu namoota rakkinoota guddinaa, amalaa, ykn fayyaa maaskii kaawwachuu irraa isaan dhoorku qabaniin fayyadamamuu ni mala. Golgaan fuulaa uffata qabu maaskiin hin danda'amu taanan, daa'imman iddoo eeggumsaa, oolmaa guyyaa, fi bakkawwan K-12 jiran dabalatee fayyadamuu ni danda'u. Odeeffannoo maaskii kan Manneen barnootaa K-12, Eegumsa Daa'immanii, Barnoota Jalqabaa, Guddina Dargaggootaa fi Sagantaa Oolmaa Guyyaatiif (Oromiffa) qajeelfama Department of Health (DOH, Qajeelcha Fayyaa) ilaalaa. Odeeffannoo dabalataaf itti dabaluun, ibsa CDC kutaa Ilaalcha garee namoota murtaa'oo ilaalaa. DOH fayyadama maaskiiwwan haguugduu hafuursaa ykn hargansuu, qomee ykn golgituu baqqaana qeenxee fayyadamuu hin gorsu.

Bakka hojiitti, gosoonni maaskiiwwanii fi hargansituuwwanii tarii barbaadamuu mala. Haragsituuwwan huutuuwwan hargansaa qaban akkaataa qajeelcha Washington State Department of Health (DOH, Qajeelcha Fayyaa Isteeta Washington) fi Washington State Department of Labor & Industries (L&I, Isteeta Washingtonitti Qajeelcha Hojjataaf & Industiriiwwanii) maxxanfameetiin fayyadamamuu ni mala (Afaan Ingilizii qofa).

Tarree gaaffilee maaskii yeroo hedduu gaafatamaniitif Marsariitii DOH maaskiiwwanii (Afaan Ingilizii qofa) ilaalaa.

Dirqamootaa fi Ajajoota Fayyaa kan Ammaa

Ajajoota hawaasaa ammaa armaan gaditti tarreeffaman namootni iddoowwan muraasa armaan gadiitti akka maaskii kaawwatan gaafata.

- Iddoowwan Eeggumsa Fayyaa
- Iddoowwan Amala Sirreessaa fi Mana Hidhaa (tursiisaa fi mana hidhaa ga'eessotaa)
- Geejjiba Hawaasaa (Afaan Ingilizii qofa)

Ajaja Qajeelcha Fayyaa Isteeta Washington

Kan Secretary of Health Mask Order (Ajaja Maaskii Barreessaa Fayyaa) (Ingiliffa qofaan) Washingtanoonni bakkeewwan eeggumsa fayyaatti fi bakkeewwan tursiisaa fi hidhaa ga'eessotaa, maaskiiwwan akka kaa'atan, haala talaallii kamiiyyuu keessatti dhiisicha daangeffamaa wajiin. Ajajoota kana eeguuf namoonni hundinuu dhuunfaatti itti gaafatamummaa qabu; haata'umalee, wiirtuuleen daldalaas hojjattoota fi maamiloota isaanii waliin ajaja kana raawwachiisuuf dirqama qabu. Odeeffannoo dabalataaf maaloo ajajawwan armaan gadii ilaalaa.

Ajaja Federaalaa

Ulaagaawwan geejjiba hawaasaa Centers for Disease Control and Prevention order (Ajaja Wirtuuwwan Too'annoo fi Ittisa Dhukkubaa) (Ingiliffa qofaan) keessatti ni argamu. Ajajni kunis imaltoonni geejjiba uummataa fi bakkeewwan geejjibaa biroo kunis, xayyaara, doonii yokiin yabaloo, baabura, atoobisii, taksiiwwan fi ride-sharefi kanneen kan kanaan alaattis maaskii akka godhatan ajaja. Qindeessitoonni geejjiba hawaasaa imaltoonni hundinuu yeroo geejjiba irra jiran, bu'an fi yeroo geejjibaatti maaskii akka kaawwatan mirkaneessuu qabu. Odeeffannoowwan dabalataa Marsaaratii CDC Anga'oota Seeraa (Afaan Ingilizii qofa) irratti ni argamu.

CDC n Atoobisii yokiin vaanota uummtaas ta'ee nama dhuunfaa kan barattootaa K-12 yokiin kunuunsa duraa fi sagantaa barnootaaf kunuunsa daa'immanii/eeggumsa daa'imaa (ECE) irratti haguugduu afaanii akka godhatan hin dirqamsiisu. Akkaataa barbaachisummaa isaatti sirni manneen barnootaa fi ECE'n namootni baasiiwwanii fi vaanota irratti akka maaskii kaawwatan gaafachuu malu. Maaloo Ulaagaa fi qajeelfama DOH tatamsa'iina COVID-19 sagantaa manneen barnootaa K-12, Kunuunsaa fi oolmaa daa'immanii, guddina ol'adeemtotaa fi barnoota duree, oolmaa guyyaa (Oromiffa) baase ilaalaa qajeelfama odeeffannoo dabalataa geejjiba atoobisiif.

Labsii Bulchaa Isteeta Washington

Odeeffannoowwan dhimma itti gaafatamummaa fi tilmaamni wiirtuuwwan daldalaa hojjettootaa fi maamiltoota qabanii Labsii 20-25.19 COVID-19 Washington Qophiidhaa (Afaan Ingilizii qofa) fi Labsii 21-08 – Hojjettoota Naga qabeeyyii (Afaan Ingilizii qofa) irratti tarreeffameera.

Bulchiinsa Washington tti Labsii Bulchiinsaa fi Hojjeataafi Industirii

Akkaataa labsii bulchiinsaa kanolitti ibsametti bakkoota hojii hedduutti maaskii godhachuun dirqama ta'uu baatus, wiirtuuwwan daldalaa dhuunfaa yoo barbaadan maaskiin akka uffatamu gaafachuu danda'u. Maaloo dambiiwwan kutichaa kabajaa. Dabalataanis, akkaataa Labsii Nageenya Hojjettootaa Bulchiinsichaatti (Afaan Ingilizii qofa), hojjettoonni gariin kanneen sodaa fayyaa qaban yokiin kanneen saaxilamummaa COVID-19 hamaa qaban waliin jiraatan maaskii uffachuun irra jiraata yokiin uffachuu danda'u, kunis eegumsa fayyaa mataa fi maatiii hawaasaa isaaniif jedhameeti. Bara 2021 keessa qaamni seera baasu senate bill dabalataa 5254 jedhamu, kan hojjettoonni yeroo dhibee fayyaa hatattamaa hawaasaatti maaskii isaan eegu kaa'acguu hayyamu wixineessee ture, wixineen sun amma akka Revised Code of Washington (RCW, Seera Haareffamaa Washington) 49.17.485 tti ragga'eera (Afaan Ingilizii qofa). Maaloo odeeffannoo dabalataa bakka hojiitif Ulaagaalee fi Qajelfamoota Ittisa COVID-19 (Afaan Ingilizii qofa) fi COVID-19 ilaalchisee Gaaffiiwwan Dhaabbatoo Dhimma Fayyadama Maaskii Bakka Hojii Hojjettootaa (Afaan Ingilizii qofa) ilaalaa.

Dhaabbattoota Fayyaa Hawwasaa fi Anga'oota Naannoo

Anga'ootni waajjira fayyaa naannoo babal'ina, daddarbaa fi tatamsa'ina dhukkubaa dhorkuuf daangaa aangoo isaanii keessatti ajaja yokiin qajeelfama fayyaa baasuu danda'u. Ajajootni kunneen ajajoota fayyaa waliigalaa irra jabaachuu danda'u, matumaa garuu caalatti salphaa ta'uu hin danda'an. Hoggantoota fayyaa naannoo (Afaan Ingilizii qofa) wajjiin hordofi akkasumas qajeelfamoota fayyaa naannoo sanaa hunda sirriitti hordofi.

Eeruuwwan

Odeeffannoon olitti ibsame bakka tokko tokkotti yeroo ammaa ulaagaawwan maaskii kaawwachuu kan jiran ta'uu ibsusus, odeeffannoon armaan gadii eeruuwwanii fi hubannaawwan fayyaa waliigalaa ibsa.

Eeruuwwan Maaskii kan Walitti Qabama Dhimma Fayyaan Alaa

Haala armaan gadiitin wal sima taanan, maaskii mana keessatti fayyadamuun ni eerama. Maaloo qajeelfama seektarichaan wal qabatu gaditti ilaali.

- Wiirtuuwwan tajaajila dhiyeessaa mana dhabeeyyii (Afaan Ingilizii qofa)
- Bakkeewwan daldala bishaan irraa (Afaan Ingilizii qofa) (fkn Dooniiwwan daldala soorata bishaan irraa argamanii (Afaan Ingilizii qofa), dooniiwwan fe'iisaa, dooniiwwan saffisoo)
- Bakkeewwan hojii namni itti heddummatu (Afaan Ingilizii qofa) sababa haala qabatamaa hojichaatiin bakkeewwan walirraa fageenya qaamaa mirkaneessuun hin danda'aamnetti, keessumaa kanneen akka man-kuusaa, warshaalee, samsaa nyaataa fi foonii.
- Bakkeewwan waliin jireenyaa (kutaa ciisichaa hin dabalatu) kanneen akka bakkeewwan kutaa tursiisaa hojii, manneen jireenyaa yeroofii, manneen amala sirreessaa guddattootaa, yokiin manneen hidhaa, akkasumas manneen jireenya hojjettootaa yeroo ni dabalata.
- Sirreefamni mana keessaa bakka namoonni walitti qabaman manneen hidhaa ga'eessotaa, Wiirtuu Dandamanaa yokiin amala sirreessaa guddattootaa keessatti argamu (fkn., manneen murtii).

Namoonni bakkeewwan olitti ibsaman keessaa hojjetan yokiin keessa jiraatan, yeroo bakka wal fakkataa hin jireetti eeruuwwan wal fakkaatoo hordofuu qabu (fkn yeroo hawaasatti dabalaman). Anga'ootni fayyaa hawaasaa itti fayyadama maaskii sababoota murtaa'oo, kan akka yeroo dhoo'iinsa weeraraa keessatti ajajuu danda'u.

Wiirtuuwwan tajaajila fayyaa ala jiran kan namootni itti walitti qabaman (kanneen akka dhaabbattootaa fi wiirtuu daldalaa) iddoo isaanitti maaskii kaawwachuun dirqama taasisuu malu. Dhaabbileen kunniin dhimma maaskii murteessuu fi dhiisuu ilaalchisee haalota armaan gadii yaada keessa galchuu qabu:

- Iddoo sana keessatti saaxilamummaa namootaa
    - Namoonni talaalliiwwan COVID-19 ilaalchisee hubannoo hin qabne COVID-19n dhaan baayyee kan shakkamanii fi dhikkuboota ciccimoodhan qabamuu malu.
    - Namoonni rakkoo fayyaa adda ta'e saaxilamummaa COVID-19 ol'aanaa qabu.
- Qulqullina hargansituu bakkichaa odeeffannoo fi filannoowwan hargansuutif, bskkeewwan siran HVAC qabanii fi hin qabnes dabalatee, - Hargansa fi Qulqullinni Qilleensaa tatamsa'iina COVID-19 Hir'isuu (wa.gov) (Afaan Ingilizii qofa) fi Harganseessituu Gamoowwan Keessattii | CDC ilaalaa.
- Dandeettii bakka sanatti namootni qaaman adda fagaachudhaaf qaban

- Shakkiin ykn mirkanaa'insi weerara COVID-19 bakkicha keessa yoo jiraate – bakka walitti qabamaa dhimma fayyaa hin taanetti weerarri jira taanan mana keesssatti maaskii fayyadamuun baayyee barbaachisaadha.
- Yoo sadarkaan dhukkubichaa hawaasaa keessattii ol'aanaa ta'e, CDC fi DOH n namoonni hundinuu mana keessatti osoo sadarkaa talaalliin hin daanga'iin maaskii akka godhatan eera. Sadarkaa COVID-19 Hawaasaa CDC ilaali

Dhaabbatoonni kunneen namoonni dhuunfaa maaskii godhachuu yoo fedhan hamilee buusuu hin qaban. Eeruuwwan fi ilaalchota namoota dhuunfaa sodaa bu'ura godhatan armaan gadii ilaali.

Eeruuwwan Maaskii Dhuunfaa

Namoonni mallattoon irratti argame, qabaachun isaanii mirkanaa'e, ykn saaxilamummaa nama COVID-19 qabuu yoo qabaatan, akkaataa Yoo COVID-19 n qabamtan maal gootu (Afaan Ingilizii qofa), Nama COVID-19 qabuuf yoo saaxilamte waan gochuu qabdu (Afaan Ingilizii qofa), fi Agarsiistuu Mallattoolee COVID-19 tti maaskii godhachuu qabu. Bakka isaan jiranitti ni barbaachisa taanan, namootni maaskii kaawwachuu qabu. Odeeffannoo ulaagawwaniitif kutaa Ajajootaa fi Dirqamoota Fayyaa Yeroo Ammaa ilaali.

Haalonni armaan olitti ibsaman raawwatamiinsa yoo hin qabaannellee, namoonni haala dhuunfaa fi sodaa dhukkuba naannoo isaanii yaada keessa galchuun maaskii fayyadamuu danda'u. Maaskii godhachuu yokiin dhiisuu murteessuuf namoonni dhuunfaa haalota armaan gadii yaada keessa galchuu qabu:

- Sadarkaa fi haala talaallii nama dhuunfaa, maatii fi hiriyootaa akkasumas namoota naannoo isaanii jiranii; namoonni talaalii COVID-19 ilaalichisee odeeffannoo waqtaawaa COVID-19n dhan qabamuu fi dhukkuboota ciccimoodhaaf saaxilamuuf caalatti carraa qabu.
- Namoonni haala fayyaa fi haalli fayyaa maatii, hiriyyaa fi kanneen biroo naannoo isaanii jiruu kan saaxilamummaa dhukkuba COVID-19 dabalu
- Haala bakka ati jirtuu (fkn namni walitti heddummachuu, kan hin qileensofne)
- Yoo sadarkaan dhukkubichaa hawaasaa keessattii ol'aanaa ta'e, CDC fi DOH n namoonni hundinuu mana keessatti osoo sadarkaa talaalliin hin daanga'iin maaskii akka godhatan eera. Sadarkaa COVID-19 Hawaasaa CDC ilaali

Odeeffannoo fi Qabeenyota COVID-19 dabalataa

Haala COVID-19 kan Ammaa Washington keessatti (Oromiffa), Labsiiwwan Bulchiinsa Islee (Ingiliffa qofa), mallattoolee (Ingiliffa qofa), akkamitti akka tatamsa'u (Ingiliffa qofa), fi akkamittii fi yoom namoonni akka qorannoo taasisuu qaban (Ingiliffa qofa). Odeeffannoo dabalataaf Gaaffilee Yeroo Hedduu Gaafataman (Ingliffaan qofaan) keenya ilaalaa.

Eenyummaan/sanyiin yookin lammummaan mataan isaa nama tokko COVID-19 dhaaf hin saaxilu. Ta'us, ragaaleen hawaasni bifa addaa qaban COVID-19- dhaan bifa walqixa hin taaneen miidhamaa akka jiran mul'isu, kuni ta'uu kan danda'e sababa namoonni qoqqobbii sanyummaa irra gaheen namoonni kun ofii isani fi hawaasa isaanii dhibicha irraa ittisuuf carraa baay'ee hin arganneefidha. Maqaa namaaf kennanii nama qoodun dhibicha ittisuuf hin gargaaru (English only). Odeeffannoowwan sobaa akka hin tatamsaaneef odeeffannoo sirrii kanneen birootiif qoodaa.

- Qajeelcha Fayyaa Isteeta WA tti Faffaca'iinsa Nooval Koroonaa Vaayirasii kan 2019 (COVID-19) (Oromiffa)
- Deebii Cvaayirasii Koroonaa (COVID-19) Isteeta WA (Oromiffa)

- Qajeelcha Fayyaa Naannoo yookin Aanaa Keessanii Barbaadaa (Ingiliffa qofaan)
- Vaayirasii Koroonaa CDC (COVID-19) (Afaan Ingilizii qofa)
- Akkamiin Maaskii Namoota Rakkoo Dhageettii Qabaniif Dhaqqabamaa Akka Taasifamu (HSDC) (Afaan Ingilizii qofa)

Gaaffii dabalataa qabduu? Sarara bilbilaa keennya kan Odeeffannoo COVID-19 tti bilbilaa: **1-800-525-0127**
Wiixata- 6 w.d. sa'a 6 hanga w.b sa'a 10tti w.b., Kibxata – Dilbataa fi guyyaalee ayyaanaa isteetii ilaalaman (Afaan Ingiliffaa qofaan), 6 w.d. hanga 6 w.b. Tajaajila afaan hiikkaaf, yeroo isaan bilbila kaasan **# tuquun afaan keessan dubbadhaa.** Waa'ee fayyaa keessanii gaaffilee dabalataa gafachuuf, qorannoo COVID-19, yookin bu'aawwan qorannootif, dhiyeessaa eegumsa fayyaa qunnamaa.

Galmee kana bifa biraan gaafachuudhaf, 1-800-525-0127 irratti bilbilaa. Maammiltootni dhaga'uu irratti rakkoo qabdan yookiin dhaga'u hin dandeenye, maaloo 711 (Washington Relay) irratti bilbilaa yookiin civil.rights@doh.wa.gov irratti imeelii erga.

Ibsa Dabalataa A: Galmee Jechootaa

Bakkeewwan kunuunsa Fayyaa

Akkaataa Secretary of Health's Mask Order tti (Ajaja Maaskii Fayyaa Barreessaan Fayyaa) (Afaan Ingilizii qofa) tti, iddoowwan kunuunsa fayyaa fi iddoowwan tursa yeroo dheeraa kamiyyuu jalqaba irratti tajaajila fayyaa hawaasaaf qaamaan dhiheessuuf fayyada, haalota addaa muraasa waliin. Bakkewwan tajaajilaa fayyaa dhiyeessudhaaf adda ba'an kanneen kennan akka hospitaalaa keessatti argama yoo ta'e, iddoon sun guutuun bakka kenniinsa eeggumsa fayyaa ykn eeggumsa yeroo dheeraa ta'a fi bakkicha keessatti haguugduun fuulaa kaa'atamuu qaba, haala addaa dhiisicha haguugduu fuulaa yaada keessa galchuun. Bakkeewwan tajaajila birootif dhimmi itti ba'amu kanneen akka dukkaana qorichaa, waajjira nursii mana barnootaa, kuusaa girooserii keessatti argama yoo ta'an, iddoowwan tajaajila fayyaa yokiin iddoowwan eeggumsa yeroo dheeraa bakkoota ijaarsicha keessaa tajaajila kenniinsa fayyaaf adda ba'an qofa keessatti raawwatiinsa qabaata, garuu kutaalee ijaarsichaa kan biroo hin dabalatu. Haguugduun fuulaa dirqama bakkeewwan tajaajila fayyaaf filaman keessatti godhatamuu qabu, haalli addaa fi dhiisichi akkuma jirutti ta'ee. Haala armaan gadiin yoo keessaa baafaman malee, dhiheessitoonni tajaajila Ulaagaawwan Ragaa Ogeeyyii Fayyaa (Afaan Ingilizii qofa) akkasumas namoota ragaa qabaachuu baatanis seeran akka tajaajila fayyaa kennaniif isaanif hayyame. **Iddoo kenniinsa tajaajila fayyaa keessatti hojjettoonnii fi dubbistoonni yokiin daawwattoonni ogeeyyii fayyaatti dabaluun mana keessatti haguugduu afaanii godhachuu qabu.**

Kan armaan gadii tarree iddoowwan tajaajila fayyaa fi iddoowwan eeggumsa yeroo dheeraa guutuu hin taanedha:

- Wiirtuuwwan kenniinsa tajaajilaa dhukkuba yeroo, hospitaalota, garuu kan kana daangeffamu miti;
- Kenniinsa tajaajila fayyaa dheeraa kan dhukkuboota hammaatoo;
- Wiirtuu haaromsaa dhukkubsattoota ciisanii yaalamanii;
- Yaalamtoota wiirtuu yaala amalaa, wiirtuuwwan yaalaa fi qorannoo, wiirtuu yaala naannoo jireenyaatti, wiirtuu yaala mirkana'aa dabalata, garuu kana qofa miti;
- Wiirtuuwwan kenniinsa tajaajila fayyaa naannoo jireenyaa yeroo dheeraa kanneen kana dabalata, manneen jireenyaa ga'eessotaa, manneen narsootaa, manneen jireenyaa gargaarsaasirreeffama bakka jireenya hawaasaa ragga'aa fi gargaarsi dhihaatu fi wiirtuu fooyyessaadha;
- Kenniinsa tajaajilaa sochootuu yokiin konkolaataawwan kanneen tajaajila fayyaa dhiheessan;
- Wiirtuu Dhukkubsattoota deddeebi'anii yaalaman, kanneen akka wiirtuu kale dhiquu, waajjira dooktarooraa, wiirtuuwwan fayyaa amalaa (waajjira ogeessota xiin-sammuu, gorsitoota fayyaa sammu ogeessitoota jeeqama fayyadama waantotaa) dabalata;
- Ogeessa Ilkaanii fi wiirtuu tajaajila fayyaa ilkaanii addaa;
- Wiirtuuwwan kenniinsa tajaajila fayyaa ijaa;
- Dukkaanota qorichaa (kanneen tajaajila qinxaaboo kennan hin dabalatu);
- Waajjiraalee Teeraappii (kunis wiirtuuwwan tajaajila sukkuumma kan tajaajila fayyaan alaa jiran kanneen akka spa, wiirtuu jabinaa fi nageenya qaamaa dabalata)
- Waajjiraalee kiiroopraatikii;
- Wiirtuuwwan tajaajila deessisuu kennan;
- Wiirtuuwwan kophaatti baasuu / baasanii tursiisuu;
- Wiirtuuwwan tajaajila baqaqsanii yaaluu sochootuu;
- Wiirtuu tajaajila fayyaa hatattamaa;
- Wiirtuulee tajaajila fayyaa bakka qubsuma keessummaa;

- Iddoowwan kenniinsa tajaajila fayyaa manattii, tajaajila fayyaa dhunfaa, wiirtuu kenniinsa tajaajila fayyaa keessummaa kan hojjettoota kaffalameefiin dhihaatu.

Iddoowwan kenniinsa tajaajila fayyaa fi iddoowwan kenniinsa eeggumsa yeroo dheeraa kanneen armaan gadii hin dabalatu:

- Iddoowwan bakka taateen isoortii fi deggertoonni itti hirmaatan (wiirtuuwwan tajaajila ogeeyyiin ragaa ispoortii qaban tajaajila kunuunsa leenjii atileetiksii kennan taphattootaaf kennan) bakkoota dhiheessa tajaajila fayyaa kanneen akka gargaarsa jalqabaa hin ilaallatu;
- Department of Children, Youth & Families (DCYF, Qajeelcha Daa'immanii, Dargaggootaa fi Maatii) - mana ogeessaa eyyama kanneen adda durummaan dhiheessa fayyaa hin laanne;
- Wiirtuuwwan qorannoo kanneen tajaajilli fayyaa itti hin kennamne;
- Wiirtuu tajaajila kenniinsa fayyaa Horii;
- Ejensii to'annaa bineeldotaa;
- Wiirtuuwwan tajaajila kenniinsa namoomaa tola ooltummaa; fi
- Wiirtuuwwan qinxaaboo maaruwaanaa, wiirtuuwwan kenniinsa gorsa maaruwaanaan wal qabatan dabalatee.

Wiirtuuwwan kenniinsa tajaajila fayyaa manaan alatti aguugduu afaanii akka godhattan yoo isin gaafatan seera isaanii kabajuu qabdu. Odeeffannoo dabalataatif "dambiiwwan manichaa" olitti ibsaman ilaali. Maaloo Iddoowwan Fayyaa Ittisa Weerara COVID-19 jedhu (Afaan Ingilizii qofa)qajeelfamaa fi gad-fageenyaaf madda qajeelfama to'annoo (Afaan Ingilizii qofa) fi qajeelfama daawwannaa yokiin dubbisuu wiirtuu tajaajila fayyaa keessatti jedhu ilaali.

Dambiiwwan Manichaa

Wiirtuuwwan daldalaa, Dhaabbatawwan, Wiirtuuwwan maaskii ilaalchisee dambii mataa isaanii baafachuu danda'u. Wiirtuuwwan daldalaa ulaagaalee dambiiwwan L&I (Afaan Ingilizii qofa) hordofuu qabu, akkasumas ulaagaalee aguugduu afaanii sirreeffama keessa jiran filachuu danda'u (fkn manaan alatti) kan Ajaja Maaskii Barreessaa Fayyaa (Afaan Ingilizii qofa) irra caalaa ittisuudhaf.

Anga'ootni dhimma fayyaa naannoo ulaagaa fi dambii godhannaa maaskii cimaa ta'e hawaasa keessatti baasuu malu. Dambiiwwan kunneen Ajaja Maaskii Barreessaa Fayyaa (Afaan Ingilizii qofa) irra jabaachuu danda'u, garuu irra salphaa ta'uu hin danda'an.

Dabalataanis, namoonni tokko tokko maaskii godhatanii itti fufuu filachuu yokiin isaan barbaaduu danda'u. Mirga bakkoota uummataatti maaskii godhachuu itti fufuu, yeroo labsiiwwan dirqamsiisa masskii isteetaa ykn naannoo hin jirrettis ni qabu. Maaloo filannoo isaan mataa maatii, fi hawaasa isaanii dhukkuba irraa eeguuf maaskii godhachuudhaf murteessan kabajaafii. Hubadhaa maaskii godhachuudhaf filattu taanan, haalota akka dhimma eenyummeessa adda baasutif akka yeroo xiqqoodhaf ofirraa fuutan gaafatamuu maltu.